ADDA BILISUMMAA OROMOO

OROMO LIBERATION FRONT جبهة تحرير اورومو

Guyyaa: 26 Mudde 2009 Lakk:0280/ABO/09

Haala Waraana Bilisummaa Oromoo Zoonii Kibbaa Ilaalchisee Ibsa ABO

Waraanni Bilisummaa Oromoo Zoonii Kibbaa (WBO ZK) Oromiyaa, adda qoodaminsa Adda Bilisummaa Oromoo (ABO) mudate ilaalchisee yaalii deebisanii ABO dhinsu galmaan gahuuf yaada muli'natti ibsachuun ni yaadatama.

Nutis gama keenyaan gartuuleen sadanuu kaayyoo ganamaa kan walabummaa Oromiyaa mirkaneessu jalatti hiriiranii ABOn deebi'ee akka dhinu tattaaffii gochaa jiraachuu keenya hundinuu quba qaba.

Yaadni WBO ZK dhiheesse kan yaalii itti jirru utubu jennee fudhanna. Gartuuleen lamaan hafan murni Shanee Gumii fi Koreen Yeroo Jijjiiramaa akkasuma yaada WBO ZK kana akka deggeran ibsa ejjennoo baasaniin beeksisuun ni ture. Gama keenyaan tarkaanfiin kun furmaata waliigalaa argamsiisuu irratti gumachuu danda'a jennee abdanna.

Akkuma yaadatamu bara 2001 keessa yeroo ABOn bakka lamatti bahe waldhabiinsa sana irraa kan ka'e jeeqaminsi WBO zoonichaa keessatti dhalatee ture godaanisa dukkanaa'aa buusee dabre. Dhiigni qabsaawootaa dhangala'e. Cinaan humna kanas hidhatnoo isaa waliin faca'uun isa mudate. Halli kun aka deebi'ee humna kana quunnamu gama keenyan gonkumaa arguu hin feenu.

Humnichaa fi naannoo humnichaa irraa akka dhagahamaa jirutti dorgommiin humnicha hawwachuu ifaa fi dhoksaatti deemaa jira. Tooftaan dorgommii kana keessatti hordofamaa jiru yaada humnichaa hordofanii rakkoo jiruuf furmaata waliigalaa soquu irra humnicha gara ofiitti harkisuu; yoo sun dadhabame ammoo diigamuu isaa barbaaduuf hawwiin jiraachuun yaaddoo nutti bulchee jira.

Diigaminsi humna kanaa qabsoo saba Oromoof miidhaa, diinaaf ammoo injifatnoo dha jennee amanna. Kanaaf haalli kun akka hin taane gartuuleen maqaa ABOtiin socho'aa jiran ejjennaa humnichi fudhate kabajanii furmaata waliigalaa argamsiisuuf carraaqaa gurmuun tokkummaa isaa akka hin laafne, alagaanis hulluuqee seenee akka waldura isa hindhabne waliin qabsaawuun dirqama jenna. Sabboontonni, qabsaawotnii fi deggertoonni qabsoo bilisummaa Oromoos gargaarsaa fi gumaata feesisuun humnichaaf dirmachuun dirqama lammummaa akka ta'e carraa kanaan yaadachiisuu feena.

Waraana buttaa diiguun salpha dha. Garuu saglii tokko ijaaruun hagam ulfaataa akka ta'e qabsaawota bilisummaa caalaa kan hubatu hin jiru. Kanaaf, humnicha gama gartuu tokkootti hawwachuuf dorgommiin ifaa fi dhoksaan geggeeffamu diigama humnichaa fi wareegama biraa akka hin hordofsiisne humnootni sochii akkasiitti jiran akka irraa of qusatan gaafatna.

P.O.Box 21762, Washington DC, 20009, USA Tel: (202)-521-5653
E-mail: waajjira@oromoliberationfront.info

Gama keenyaan jarreen haala diiggaa malee ijaarsa gaarii fi nagaa ummata Oromoo arguu hin feene hordofnee kan dabree fi kan dhufuuf jiru ummata Oromoo biratti dhugaan akka beekamu ni goona. Ummatni Oromoo guutummaatti haala kanaaf dursa kennee hordofuun humnoota diigaa ta'an hunda irratti dhiibbaa akka godhus gaafatna.

Maayyii irratti gaachanaa fi abdii jireenya ummata Oromoo fi wabii bilisummaa gonfachuu kan ta'e WBO bakka inni jiru maraatti garaa garummaa xixiqqaa irraa olguddachuun gumaata feesisu ummatni keenya akka kennu waamicha qabsoo goonaaf.

Oromiyaan ni bilisoomti!

Gumii Sabaa ABO